COVID-19 VACCINATION FOR AGES 12-17
TALAALLII COVID-19 UMRI 12-17 TIIF

Talaalliin COVID-19 Pfizer-BioNTech amma nama umrii 12 fi oliiti kamuuf hin argama.

Talaalliin COVID-19 nagaa qabeessaa fii akkaan bua qabeessa. Talaalliiwwan COVID-19 martuu otoo fayidaa irra ooluu hin danda'in qorrannoo dinniinaa fi tarkaanfii-baay'ee fi adeemsa gamaaggamaa jala darbuu qabu. Egaa qorannaa namoota garee umrii kanaa keessa jiran 2250 olii irratti godhaniin bodda, FDA talaalii Pfizer yeroo balaatiif namoota umri 12 fi oliitiif akka itti Fayyadaman hayyama yoo keenu yaaddoon nageenyaatis hin argamne. Ogeeyyiin walaba tahan akka talaalliin kun sadarkaa nageenyummaa ol aanaafii bu'a qabeessummaa guutu qabu mirkaneessan.

Talaallii COVID-19 tiif kaffaltiin hin jiru, haalli immigireeshinii ykn inshuraasin fayyaa keessan akum fedhe yoo ta'e. Doktorri kee yoo talaalli fudhachuuf qofa bira dhayxu tahe mallaqa si kafalchiisuu hin danda"u

TALAALLII AKKA ITTI ARGATAN

Eddoo talaalliin itti kennamu barbaadu

- **Filannoowwan talaalliin King Kawuntii** (hedduun isaani beellama qabachuu hin barbaachisu) as irratti laali kingcounty.gov/vaccine/oromo
- **Birroo doktora keetii ykn ogeessaa fayyaatii bilbilii filannoo talaallii akka qaban gaafadhu.**
- **Faarmaasii fi eddowwan biraa barbaaduuf ziip koodiitti fayyadamaa agarsiistuu talaalli Washingitanii kana** vaccinelocator.doh.wa.gov (afaan qajeelfama barruu gara harka mirgaa jiru gubbaa gadi buutu keessaa filadhaa)
- **Telefoonaan deegarsa ni barbaadaa?** Guyyaa kamuu saa'aa 8 AM hanga 7 PM lokkoofsa Kanaan 206-477-3977 giddu gala yaamicha talaallii King Kawuntii yaami. Torjumaannonni hin argamu- yeroo dubbistu afaan barbaadu maqaa himi/dha'i/.

Beelamma talaalli keetiif wanta fiddu:

- **Waraqaa eenyummaa guyyaa dhalootaa qabu:** Waraqaa eenyummaa isteetaa, gosaa, ykn federaalan kenname ykn ragaa dhaloota, eenyummaa mana baruumsaa ykn waraqaa raqaa fayyaa maqaa fi guyyaa dhalootaa qabutti fayyadamuun hindanda'ama.
- **Talalliif eeyyama kennuu:** Maatii ykn nama heeraan hayyama keennu irraa talaallii COVID-19 argachuuf hayyaa si barbaachisuun mala. Yoo ka walaba/bilisa taate, nama guddaa fuute/heerumte, ykn eddoon talaallii itti fudhatu ati daa'ima bilchaataa jedhee yoo mirkaneesse ati ifiif hayyamuu dandeessa. Ulaagaalee hayyamaa irraa caalaatti as irraati baradhaa kingcounty.gov/youthvaccine/oromo
- Uffata harkaa gabaabdu ykn isinirra lufu kan salphaata dacha'uuf salphaatti irree kee gubbaatti akka talalliidhaaf toltu keeyyadhu.

Gaafiwwan qabdaa? gaaffiwwan deddebi'anii gaafataman fuula itti aanu irraa laali ykn kingcounty.gov/covid/vaccine/oromo.

Public Health
Seattle & King County

WAAYEE TALAALLIIWANII GAAFFIWWAN DEDDEBI'ANII GAAFATAMANI

Lilmee hangam na barbaachisa?

Talaallii Pfizer lilmee lama sii barbaachisa. Talaallii lamadaa yoo xiqqaate guyyaa 21 tti argatta eega ka duraa fudhatteen booda. Talaalliin lilmee duraa akka qaamni kee sirna ittisa dhukkubba COVID -19 irraa argatu eegalchiisa akkasumas lilmeen talaallii lammataa immo ittissa guddisee tiskuu xumura.

Talaalliin kun ka namoonni gurguddaan/ gaheewwan/ fudhataniin tokkoo?

Eeyyee, talaallii Pfizer gaheeyyiin fudhataniin tokko. Namoonni umri 18 fi olii dabalataan talaallii Modernaa fii Johnson fi Johnson fudhachuu danda'u, garu talaalliwwan kun ijjoolleedhaaf / qacaleedhaaf/ hanga ammaatti hin hayyamamne.

Balaa hin barbaadamne hin argadhaa?

Eega talaallii fudhateen boodaa guyyootta muraasaaf dhiibbaa hin barbaadamne argachuu kee ni mala kan akka dhukkubbii harkaa, owwa qaamaa, bowwoo, ykn dadhabbii sitti dhagahamu. Mallattoowwan kunneen kan baramee yoo ta'u akka qaamni kee ittissa ijaarrataa jiru mul'isu. Namoonni gariin dhiibbaa hinbarbaadamne kan gonkumaa hin argatan.

Talaalliin COVID-19 dhibee COVID-19 na qabsiisuu dandahaa?

Lakki. Vayrasiin koroona talaallii keessa hinjiru akkasuma atis dhukkuba COVID-19 talaallii irraa argachuu hindandeetu.

Yoon guutumaan guututti talaallii argadhe maal godhuu dandaha?

Wantoota heedduu kan sababbii golfaa dhaabatanii ture deebitee dalaguu dandeeta! Namootaa biro kan guutumaan guututti talaallii argatan waliin mana keessaati odoo haguuggii hin diratin walitti tahuu ni dandeesa(bakkaa namoonni heddummaataniif bakkootta hawaasaaf tahan male). Eddowwaan murtahaa namoonni ittii heddumaatanitti malee haguugaa uffachuu sin barbaachisu. Eega talaallamteen booda maal godhuu akka qabu odeeffaanno waqtaawaa jala deemi: LifeAfterVaccine.org (Ingiliffa qofaan)

Namoota talaallii hin fudhatin wajjiin odoo haguugii hin uffattin bahu danda'a?

Eggaa guutumaan guututtii talaallii argatteen booda, namoota maatii tokkoo wajjiin mana keessa waliin tahuu hin dandeeta yoo ka namoonni kun dhukkuba COVID-19 argachu saaxilamuun isaanii laafa tahe(fakkeenyaaf, tokkoon isaanii dhibee biraa ka hin qabne yoo tahan). Yoo namoonni kun maati tokkoo ol tahan ykn immo yoo tokkoon isaanii akkaan saaxilamoo tahan, haguuggii uffachuu qabda, faana 6 addaan fagaadhu, akkasumas eddo qilleenssa akka gaariitti galchu taa'i (ala ykn bakka foodaan banaa). Talaalliin akka gaaritti si ittisa, garu ogeeyyonni namoonni guututti talaallii fudhatan kan talaallii hin fudhatinitti dhukuba facaasuu/dabarsuu danda'aniifi hin dandeenne hanga ammattis barataa jiru.

Gaafiwwaan waa'ee talaallii maatiin kiyyaa qabu deebisuuf eessaa deemuu qaba?

Doktorri kee, ykn ogeessi fayyaa namoota hundumaa calaan gaafachuudhaaf. Dabalataanis gaafiwwanii fi deebii hedduu asi irraa argachuu dandeeta kingcounty.gov/covid/vaccine/oromo.

Public Health
Seattle & King County